


Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa







Barannoo 11ffaa


Boqonnaa 17

Siinqee

Kaayyoo Barannichaa

Barannoo kana booda

- **Siinqeen maal akka ta'e ni himtu.**
- **Siinqeen maaf akka qabatamu nibsitu.**
- **Hiika faallaa jechootaa ni shaakaltu.**



Shaakala

1.Siinqeen maali jettanii yaaddu?


2.Siinqeetti eenyutu fayyadama?

3.Yoom yoomiif fayyada?



Siinqeen Maali?

- Siinqeen ulee qalloodha.
- Dubartii heerumtetu qabata.
- Bakka hedduutti muka horooroo jedhamurraa tolfama.
- Dubartiin siinqee qabatte nama wal lole araarsiti.
- Mallattoo nagaa fi kabajaati.
- Irreechaaf gaafa malkaatti ba’an ni qabatama.
- Qixxee ulee Abbaa Gadaati.
- Yeroo karaa deeman qabatu.




… itti fufa….

- Siinqeen gaafa dhimmaa qofa qabatama.
- Dubartiin siinqee qabatte hin dhaanamtu.
- Sababni isaas sirna gadaa k



Hiika faallaa jechootaa
Dubbisa Kenname Sirriitti Xiinxalaa

- Siinqeen ulee qalloo qajeeltuudha.
- Dubartii heerumtetu qabata.
- Muka horooroo jedhamu irraa tolfama.
- Siinqee haadhatu intala heerumtuuf kenna.
- Uummata oromoo biratti bakka guddaa qaba.
- Haati siinqee qabattu hin dhaanamtu.
- Jaalalaan kan wal lole araarsiti.
- Akkasumas kabaja qabdi.



Jechoota faallaa

Jechoota faallaa walii jechuun kan wal hin fakkaanneedha.

Himoota armaan olitti kennaman keessaa jechoota fudhataman

Qalloo_____furdoo

Muka_____sibiila

Intala _____Gurbaa

Bakka _____Iddoo

Guddaa _____Xiqqaa,xinnaa

Dhaanamuu _____ Rukutamuu,reebamuu

Jaalala _____Jibba

Kabaja _____ Salphina,tuffii

Gocha

❖**Gaaffilee kennamaniif deebii sirrii filadhu.**

1.Siinqee eenyutu qabata?

A. Dubartii Heerumte B. Dubara Hin Heerumin C. Abbaa Gadaa

2.Siinqeen maal irraa tolfama?

A. Sibiila Qalloo B.Muka Qalloo C.Suphee

3. Siinqeen kan dubartootaa yoo ta'u,kan Abbaa Gadaa maali?

A. Bokkuu B. Sibiila C. Siinqee

4.Faallaan jecha jagna jedhuu maali?

A.Sodaataa B.Lugna C.Dabeessa D. Hunda

Deebii

❖Gaaffilee kennamaniif deebii sirrii filadhu.

A 1.Siinqee eenyutu qabata?

A. Dubartii Heerumte B. Dubara Hin Heerumin C. Abbaa Gadaa

B 2.Siinqeen maal irraa tolfama?

A. Sibiila Qalloo B.Muka Qalloo C.Suphee

A3.Siinqeen kan dubartootaa yoo ta'u,kan Abbaa Gadaa maali?


A. Bokkuu B. Sibiila C. Siinqee

D4.Faallaan jecha jagna jedhuu maali?

A.Sodaataa B.Lugna C.Dabeessa D. Hunda

Cuunfaa barannoo

- Siinqeen ulee qalloodha.
- Gaafa dubarri heerumtu haati kennitiif.
- Siinqeen mallattoo nagaa fi kabajaati.
- Haadha siinqee biratti dubbiin hin badu.
- Dubartii heerumte qofatu qabata.
- Haadha siinqee qabattu dura hin darban.
- Kan wal lolanillee ni araarsiti.
- Siinqeen gaafa dhimmaaf ba’an malee hin qabatamu.



…… itti fufa….




- Kana malees dubartiin siinqee qabattu haadha siinqee jedhamti.
- yeroo irreechaa siinqee qabachuun dura buutee gara malkaatti deemti.



Hojii Manaa

Fakkii ilaaluun gaaffii isiniif kenname deebisaa.

1.Wantoota haati siinqee harkatti qabattee jirtu barreessaa.



1 _____

2._____

3. _____